Abrham Yohanes https://t.me/ethiopianlegalbrief

INSTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA



Invastimentii fi Ga'ee Qaamolee Haqaa

Qopheessaan: Obbo Dawaanoo Kadiir
Obbo Abbabaa Fiixee

Onkoloolessa, 2001

Adaamaa

Baafata

Mata -duree **Fuula**

Seensa Moojuulichaa ---------- ---4

Boqonnaa Tokko

Haala Walii- gala Invastimentii ----------5

1.1. Hiikaa fi Maalummaa Invastimentii----------5

1.2. Gosoota Invastimentii----------9

1.3. Invastimentii keessatti ga'ee Mootummaan----------11

1.4. Guddina Diinagdee fi Invastimentii Dhuunfaa----------14

Boqonnaa Lama

Itoophiyaatti Haala Sochii Invastimentii----------15

2.1. Sochii Invastimentii Dhuunfaa----------15

2.1.1. Bara Mootummaa H/Sillaasee (1935-1967)----------15

2.1.2. Bara Mootummaa Dargii (1968-1982)----------17

2.1.3. Bara 1983 booda----------18

2.1.3.1. Seerota Invastimentii----------21

2.1.3.2. Qaamolee Builchiinsa Invastimentii----------24

2.2. Naannoo Oromiyaatti Haala Sochii Invastimentii----------26

2.2.1. Seerota Invastimentii----------27

2.2.2. Qaamolee Bulchiinsa Invastimentii----------28

Boqonnaa Sadii

Naannoo Oromiyaatti Invastimentii fi Ga'ee Qaamolee Haqaa----------31

3.1 Guddina Diinagdee Keessatti Ga'ee Qaamolee Haqaa----------**31**

3.2. Waldhabiinsa Invastimentiin Walqabatee Ka'u ----------34

3.3. Wal-dhabiinsa Invastimentiin Walqabatee Ka'uu fi Ga'ee Qaamolee Haqaa----36

3.3.1. Ga'ee Mana Murtii----------36

3.3.2. Ga'ee Abbaa Alangaa fi Poolisii----------39

- Wabii----------44
- Duuka-deemtuu----------46

Qabiyyee Moojuulichaa

Boqonnaa Tokko:- **Haala Walii-galaa Invastimentii**

Boqonnaa Lama:- Itoophiyaatti Haala Sochii Invastimentii

Boqonnaa Sadii:- Naannoo Oromiyaatti Invastimentii fi Ga'ee Qaamolee Haqaa

Seensa Moojuulichaa

Mojuuliin kun boqonnaalee sadii kan of keessaa qabu yammuu ta'u tokkoon tokkoon boqonnaalee kutaalee adda addaatti kan qoodamani dha. Haaluma kanaan boqonnaan tokko hiikoo fi maalummaa invastimentii, gosoota invastimentii, akkasumas kaayyoo invastimentii irratti kan xiyyeeffate dha. Kana malees, invastimentii keessatti ga'ee mootummaan qabu, walquunnamtii guddina diinagdee fi invastimentiin dhuunfaan qabu ilaalchisee ibsa kan of keessaa qabu dha.

Boqonnaa Lammaffaan sochii invastimentii ilaalchisee haala itoophiyaa, imaammataa fi seeraotni akkasumas qaamoolee Bulchiinsa Invastimentii irratti kan xiyyeeffate dha. Kana malees, Itoophiyaatti wabii fi eegumsa seeraa invastimentiif taasifamu, akkasumas gosoota invastimentii mootummaa qofti irratti hirmaachuu danda'u addaan bahaanii boqonnaa keessatti ibsame dha. Dabalataniis sochii invastimentii ilaalchisee haala naannoo Oromiyaa irratti seerota invastimeentii naannichaa bu'uura godhachuun boqonnaa kana keessatti ibis kennameera.

Boqonnaa Sadaffaan Wal-dhabiinsa invastimentiin wal-qabatee ka'u, filannoowwan adda addaa wal-dhabiinsi kun itti hiikamuu danda'u irratti kan xiyyeeffate ta'ee, waldhabiinsa invastimentiin wal-qabatee ka'uuf furmaata kennuu keessatti ga'een manneen murtii Abbaa Alangaa, akkasumas Poolisii maal ta'u qaba kan jedhu irratti xiinxalli tassisameera. Tokkoon tokkoon dhuma ykn xumura boqonnaalee irrattis gaaffiiwwan mariif ta'an moojuulicha keessatti haammatamaniiru.

Boqonnaa Tokko

Haala Walii galaa Invastimentii

Boqonnaa kana keessatti haalli walii-galaa invastimentii kan dhiyaatu yammuu ta'u qabxiiwwan ijoon boqonnaan kun irratti xiyyeeffatu hiikoo fi maalummaa invastimentii akkasumas gosootii invastimentii kanneen gurguddoo dha. Akkasumas, boqonnaa kana keessatti kaayyoowwan Invastimentii, invastimentii keessatti ga'ee mootummaan qabu, guddina diinagdee biyya tokkoo keessatti shoorri invastimentiin dhuunfaan taphachuu danda'u qabxiiwwan irratti xiyyeeffatamu dha. Kana malees, akkaataa barbaachisummaa isaatti qabxiiwwan mariidhaaf ka'umsa ta'an kutaa kana keessatti ni haammatamu.

Kaayyoo:

Dhuma ykn xumura boqonnaa kanaatti leenjifamtootni:

- Hiikoo fi maalummaa invastimentii ni hubatu.
- Gosoota invastimentii addaan baasuun ni hubatu
- Kayyoo invastimentii irratti hubannoo ni argatu.
- Invastimentii keessatti ga'ee mootummaa maal ta'uu akka qabu hubannoo ni argatu.
- Guddina invastimentii biyya tokkoo keessatti invastimentiin dhuunfaa shoora akkamii taphachuu akka danda'u hubannoo ni argatu.

1.1. Hiikoo fi Maalummaa Invastimentii

Jechi "Invastimentii" jedhu hiikoowwan wal-fakkaataa fi tokko kan hinqabne yoo ta'ellee, yaada- rime itti fayyadama kaappitaala oomishtummaa qabu kan agarsiisu dha. Kana jechuunis maallaqaa fi qabeenyaa adda addaa (Finance and productive asset) hojiirra oolchuudhaan bu'aa (return) argachuu jechuu dha.[1]Kaappitaalli invastimentii uumamuu kan danda'u oomisha oomishamu irraa ykn galii argamu irraa qusachuun itti fayyadamuun yoo danda'ame dha.

1 1.Invastimentii, Barruulee K. I. Otiin Qophaa'u, Lakk-2, Finfinnee, 1996, Fuula 29

Hangi qusannoo fedhii fi dandeettii qusannoo jiru irratti hundaa'ee kan murtaa'u ta'ee yeroo ykn wayita murtaa'e tokko keessatti gaaffiiwwan galiin biyyoolessa hangamtu argama? Kana keessaa hangamtu hojiirra oole? Galiin kun lammiiwwan jidduutti akkamitti qoodama? Isaan jedhamaniif deebii gahaa kennuun yoo danda'ame qamarii wal-quunnamtii galii fi hanga itti fayyadama galiitti (marginal prospensity to consume) fayyadamuun dandeetti qusannoo jiru tilmaamuun ni danda'ama. [2] Hangi galii, haallawwan dandeettii qusannoo murteessan keessaa isa tokko yoo ta'ellee haallawwan kan biroon dandeettii qusannoo irratti dhiibbaa qaban ni jiru. Kanneen keessaa hangi dhalaa (interest rate) isa tokko dha.

Akkaataa sadarkaa galii argamuun dhiibbaan isaa garaagarummaa yaa qabaatu malee hangi dhalaa ol'aanaan qusannoo kanneen jajjabeessan keessaa isa tokko dha. Aadaa qusannoo dhabuunis kanneen quusannoo irratti dhiibbaa geessisan keessaa isa tokko dha. Jireenya fooyya'aa gara fuula-duraatti jiraachuuf, yaadanii maallaqaa fi qabeenya qusachuun ni danda'ama. Namoota dhuunfaa irra darbee dhaabbileen maallaqaa humna maallaqaa isaanii fooyyessuu fi dorgomaa cimaa ta'uuf galii argatan irraa qusachuun isaanii dirqama ta'a. Galiiwwan argaman irraa haala qusannootiin itti fayyadamuuf haallawwan barbaachisan keessaa haalli siyaasaa fi diinagdee tasgabbaa'aan jiraachuun isaas murteessaa dha. Sodaan waraanaa yoo jriaate heeraa fi seerri kan hin kabajamne yoo ta'e mirgi abbaa qabeenyummaa kan hineegamne yoo ta'ee fi kufaatiin gaatii maallaqaa kan uumame yoo ta'e haalli dandeettii qusannoo dadhabaa ta'uu ni danda'a. [3]

2.Kan itti fufe

3.kan itti fufe

Imaammatni Mootummas haala dandeettii qusannoo irratti dhiibbaawwan adda addaa uumuu ni danda'a. Keessumayyuu, seerotni gibiraa ykn taaksii dhiibbaa guddaa qabu. Fakkeenyaaf, gibira ykn taaksii namootni adda addaa kaffalan irratti taasisuun bu'aa dhaabbilee hiramuu hindandeenye irraa taaksii kaffalamu hir'isuun qusannoo jajjabeessuun ni danda'ama. Armaan olitti barreeffama kana keessatti akkuma ibsametti hanga dhalaa haala qusannoo jajjabeessuun murteessuun, tajaajila baankii fi inshuuraansii babal'isuun, waldaalee qusannoo fi liiqii jajjabeessuun, akkasumas hawaasni guddina diinagdee keessatti ga'ee ol'aanaa akka taphatu sochoosuu fi hubannoo uumuun dhiibbaa imaammatni mootummaa qusannoo irraan ga'uu danda'u hir'isuun ni danda'ama.Tarkaanfiiwwan qusannoo jajjabeessan armaan olii kun immoo karaa kallattii hintaaneen dhiyeessa kaappitaala biyya keessaa invastimentiif barbaachisan ta'uun tajaajiluu ni danda'u.

Qaamotni kaappitaala qusannoon argame kana faayidaa irra oolchuu barbaadan kan jiran yammuu ta'u isaan keessaas kaayyoon isaanii bu'aa argachuu kan ta'e dhaabbileen dhuunfaa isaan adda duree dha. Abbootiin qabeenyaa ykn dhaabbileen dhuunfaa gosoota invastimentii qonna, warshaa, Albuuda ijaarsawwanii fi hojiiwwan misoomaa adda addaa fi hojiiwwan daldalaa adda addaa gaggeessuf maallaqaa ol'aanaa barbaadu. Mallaqni kun immoo meeshaalee dhaabbataa bituuf ykn horachuuf, akkasumas hojii ittiin adeemsisuuf karoora yeroo dheeraa ykn gabaabaatiif kan barbaadamu ta'uu ni danda'a.

Karaa biraatiinis tajaajiloota kanneen akka barnootaa, nageenyaa fi tasgabbii biyyaa (national Security), akkasumas tajaajiloota hawaasummaa fi diinagdee adda addaa abbootii qabeenyaa dhuunfaatiin hojjatamuu hindandeenye babal'isuu fi kanneen jiran suphuuf mootummaanis kaappitaala ni barbaada. Hangi kaappitaalaa wayita tokkotti barbaadamu bu'aa investimantichi buusuu danda'uu fi sadarkaa guddina diinagdee biyyi tokko irratti argamtuun kan murtaa'uu fi garaa garummaa kan qabu ta'ee yeroo yeroon guddachaa deemuu ni danda'a.

Gabaa diinagdee keessatti murtee fi ciminni abbootii qabeenyaa dhuunfaa irra caalaa isaa bu'aa irratti kan xiyyeeffate ta'us dhimmootni kana waliin wal-qabatan kanneen akka tasgabbii siyaasaa, seerota taaksii mijaa'aa kaappitaalli gahaan argamuun tekinootiin ammayyaa jiraachuun, jajjabeessituu ykn onnachiiftuun adda addaa jiraachuun, fedhiin gabaa jiraachuu fi fedhii gabaa jiru keessatti dorgomaa ta'anii turuuf dandeettii qabaachuun, akkasumas, imaammatni diinagdee mijaa'aan jiraachuun isaa invastimentii kanneen jajjabeessan keessaan isaan gurguddoo dha. [4]

Armaan olitti akkuma ibsuuf yaalametti qusannoo fi invastimentiin dhimmoota walquunnamtii qabani dha. Aadaa qusannoo jajjabeessuun babal'ina invasstimentiitiif ga'ee ol'aanaa qaba. Babal'inni invastimentiis gama isaatiin diinagdee guddisuudhaan aadaan qusannoo akka cimuu fi dagaagu ga'ee mataa isaa ni qabaata. Qo'annoon Baankii addunyaatiin gaggeeffame akka agarsiisutti Afrikaatti guddina diinagdee 6% itti fufiinsa qabu waggaatti fiduuf oomisha walii gala biyyoolessaa keessaa invasstimentiin 25% irraa gahuu qaba. Itoophiyaatti wayita ammaa ga'een invasstimentii 15% qofa [5] waan ta'eef sadarkaa guddina diinagdee barbaachisu irra ga'uuf invastimentii babal'isuu irratti bal'inaan hojjachuu akka barbaachisu dha. Kun ta'uu baannaan guddinni diinagdee barbaadamu kan hin argamnee fi jireenyi hawaasa biyyattiis fooyya'uu hindanda'u. Invastimentiin jirus kaappitaala biyya alaa irraa dhufu qofa irratti kan hundaa'e yoo ta'e diinagdeen biyyattii kan of danda'e osoo hinta'un humna kaappitaalaa biyyoota biro irratti kan maxxanu ykn hirkatu waan ta'uuf balaaf kan saaxilamu ta'a. Kanaafuu aadaa qusannoo jajjabeessuun lammiiwwan biyyattiis ta'e invastarootni biyya alaa invastimentii irratti bobba'uun guddina diinagdee keessatti ga'ee isaanii akka taphatan taasisuun dhimma murteessaa dha.

---

4. Determinants and Private Investment In Ethiopia, Workie Mitiku, Business and Economics Faculty, Addis Ababa University, unpublished, 1997, Fuula 25.
5. Investment Implementation Problems In Ethiopia In accordance With The Investment Policies , Robel Teferedegne, Business and Economics Fuculty, Addis Ababa University, Unpublished, Fuula 20-22

Gaaffiiwwan Marii

1. Invastimentii jechuun maal jechuu dha.
2. Invastimentii babal'isuuf haallawwan barbaachisaa ta'an tarreessi.
3. Wal-quunnamtii qusannoo fi invastimentii ibis.
4. Kaappitaalli Invastimentii haala kamiin uumamuu danda'a?

1.2. Gosoota Invastimentii

Akkaataa imaammata diinagdee biyyi tokko hordofuutuutiin maddi kaappitaala invastimentii biyya keessaa ykn alaa irraa ta'uu ni danda'a Bu'uuruma kanaan gosootni invastimentii invastimentii kallatiin biyya alaa irraa dhufu (Foreign Direct Investment) fi invastimentii biyya keessaa (Domestic investment) jedhamuun bakka lamatti qooduun ni danda'ama Haaluma kanaan kutaan kun gosota invastimentii kana irraatti kan xiyyeeffate ta'a.

Guddina diinagdee biyya tokkoo keessatti ga'een invastimentiin qabu murteessaa dha. Keessumattuu, biyyoota akka Itoophiyaa galii-xiqqaa qabaniifi sadarkaan beekumsaa fi hubannoo tekinoolojii ammayyaa dubatti hafetti, akkasumas rakkoowwan hojii-dhabdummaan bal'inaan jirutti barbaachisummaan invastimentii dhimma murteessaa fi ol'aanaa dha. Invastimentiin gosoota lama kan qabu yammuu ta'u isaanis invastimentii kallatti biyya alaa fi invastimentii biyya keessaa jedhamuun beekamu. Kanatti aansuun gososta invastimentii kanneen tokko tokkoon yaa ilaallu.

a) Invastimentii Kallattii biyya alaa (Foreign Direct Investment)

Invastimentiin kallattii biyya alaa gosa invastimentii kallattiidhaan biyya alaa irraa dhufu ta'e yeroo gabaabaa keessatti rakkoowwan diinagdee hiikuun guddina diinagdeetiif guumaachaa kan taasisu dha.[6] Diinagdee biyya tokkoo, keessattuu biyyoota akka Itoophiyaa diinagdeen isaanii duubatti hafaa ta'etti invastimentii

6.Kan itti fufe

kallattii biyya alaa faayidaa qabu keessaa isaan gurguddoon guddina diinagdee ariifachiisuu, qabeenya uumama biyyattii sirnaan akka hojii irra oolu taasisuu fi oomishtummaa dabaluudhaan gabaa biyya keessaa babal'isuuf ga'een inni qabu guddaa dha. Kana malees,sharafa biyya alaa argamsiisuu fi oomisha biyya alaatti ergamu babal'isuu, carraa hojii uumuu fi beekumsaa fi hubannoo tekinoloojii ammayyaa dabarsuu keessatti iddoo guddaa qaba.

b) Invastimentii Biyya Keessaa (Domestic Investment)

Gosti invastimentii inni lammaffaan invastimentii biyya keessa yammuu ta'u, invastimentii lammiiwwan biyya keessatiin gaggeeffamu dha. Biyyi kamiyyuu invastimentii biyya keessaa lammiiwwan ishiitiin gaggeeffaman kan barbaadduu fi jajjabeessitu yammuu ta'u, Itoophiyaaniis biyya invastimentii biyya keessaa jajjabeessitu keessaa ishii tokko dha. Invastimentiin biyya keessaa faayidaa adda addaa kan qabu yammuu ta'u isaan keessaa kaappitaala ykn bu'aa argamu invastarootni biyya alaa gara biyya isaanii fudhatanii deemuu danda'an hambisuuf ykn hir'isuuf ga'ee guddaa taphachuun kaappitaalli ykn bu'aan argame faayidaa biyyaatiif akka oolu ni taasisa. Haaluma kanaan biyyootni adda addaa invastaroota biyya keessaa jajjabeessuuf, akaakuuwwan invastimentii lammiiwwan biyya keessaa qofti irratti bobba'an seerota invastimentii keessatti haalli itti tuman ni jira. Itoophiyaattis invastimentii biyya keessaa jijjabeessuuf akaakuwwan invastimentii lammiwwan biyyatti qofti irratti bobba'uu danda'an seerota invastimentii keessatti addaan bahee tumamee jira.[7]

Gaaffiiwwan Marii

1. Garaagarummaa gosoota invastimantii kallattii biyya alaa fi biyya keessaa ibsi.

7.Kan Itti fufe, fuula 15.

1.2. Invastimentii Keessatti Ga'ee Mootummaa

Akkaataa Imaammata diinagdee biyyi tokko hordofuutiin ga'een mootummaa fi abbootii qabeenyaa dhuunfaa guddina diinagdee keessatti qaban adda addaa yoo ta'ellee mootummaanis ta'e abbootiin qabeenya dhuunfaa guddinni diinagdee akka dhufu shoora mataa isaanii ni qabaatu. Guddina diinagdee biyya tokko keessatti sochii mootummaan taasisu cinatti, abbootiin qabeenyaa guddinni diinagdee ariifataanii fi itti fufiinsa qabu akka dhufu, abbootiin qabeenyaas ga'ee mataa isaanii akka bahan mootummaan haallawwan barbaachisaa ta'an gama isaatiin guutuun dirqama ta'a. Abbootiin qabeenyaa hojii invastimentii irratti bobba'an hojii invastimentii gaggeessaniin bu'a qabeessa kan ta'an deeggarsi gama mootummaan taasifamuu qabu yoo taasifameef qofa dha. Keessumattuu, biyyoota akka Itoophiyaa, Kaappitaalli biyya keessaa gahan hinjiretti, abbootiin qabeenya biyya keessaa kaappitaala xiqqaa qabaniin hojii invastimentii irratti bobba'an gosa invastimentii irratti bobba'aniin dorgomaa ta'uun hojii bu'a qabeessa akka hojjatan deeggarsi gama mootummaantiin taasifamuu qabu akka salphaatti kan ilaallamu miti. [8]

Babal'ina hojii invastimentii keessatti ga'een mootummaa inni ol'aanaan invastaroota hojii invastimentii irratti bobba'uu barbaadaniif haalli mijaa'aan akka jiraatu taasisuu dha. Ga'een Mootummaan invastimentii, keessumaayyuu, invastimentii dhuunfaa babal'isuu ilaalchisee qabu ga'ee taphachiisaan kubbaa miillaa tokko qabuun kan wal-fakkaatu jechuun ni danda'ama. Akkuma taphachiisaan kubbaa millaa tokko, tapha kubbaa miillaa jalqabsiisuun dura waantotni taphichaaf barbaachisaa ta'an guutamuu qaban guutamuu isaanii mirkaneeffachuu qabu mootummaanis abbootii qabeenya dhuunfaa hojii invastimentii irratti bobbaasuun dura, waantota invastaroota dhuunfaadhaaf gufuu ta'an maqsuun haalawwan mijaa'aa uumuu qaba. Imaammata diinagdee hirmaannaa invastaroota dhuunfaa cimsu diriirsuu qaba. Kana malees, bu'uura misooma adda addaa fi waantota biro invastimentii babal'isuuf murteessaa ta'an hunda guutuu qaba.

8. Kan itti fufe , Fuula 8-10.

Imaammatni mootummaa akkataa jijjiirama yerootiin kan wal-hinsimne yoo ta'e babal'ina hojii invastimentii irratti dhiibbaa fiduu ni danda'a. Akkaataa qabatamaa sadarkaa addunyaattis ta'e sadarkaa biyyaa tokkootti haalli gabaa yeroo yeroon kan jijjiiramu waan ta'eef, imaammatni mootummaas yeroo yeroon jijjiramuu qaba jechuun rakkisaa yoo ta'elle, jijjiirama uumameen wal-simuuf, imaammata ture irratti fooyya'iinsa (reform) gaggeessuu baannaan [9] sochiin invastimentii taasifamu dudduubatti deebi'uu ni danda'a. Dhabamuun tasgabbii siyaasaa fi hawaasummaa (political and social instability) babal'iina invastimentii kanneen gufachiisan keessaa isa tokko dha [10]. Walitti bu'iinsi biyya keessaa ta'e, biyyoota ollaa waliin kan jiru yoo ta'e babal'ina hojii invastimentii gaarii waan eegamu miti. Haallawwaan siyaasaa tasgabbaahaan bakka hinjirretti mirgi qabeenyaa fi nageenyi namaa kabajamuu hin danda'u. Bakka mirgii qabeenyaa fi nageenyi namaa hinkabajamnetti hojii invastimentii gaggeessuun dhimma hinyaadamne dha.Haallawwan akkasii kun jiraachuun isaanii immoo invastarootni yaada tokkoon soda malee hojii invastimentii irratti akka hinbobbaanee fi ilaalcha sodaa akka of keessatti dagaagsan kan taasisu dha.

Bu'uuraawwan misooma kaneen akka daandii, humna ibsaa, telekominikeeshinii, tajaajila poostaa, tajaajila buufata doonii fi kkf haala barbaadameen kan hin guuttamne yoo ta'e invastimentii harkisuu irratti dhiibbaa mataa isaa kan qabuu [11] fi invastarootni hojii invastimentii irratti bobba'anis ta'e kanneen fuulduratti bobba'uu barbaadan fedha isaanii jijjiiruun biyyoota biraa akka deeman taasisuu ni danda'a.

9.Attracting Foreighn Direct Investment Into Infrastructure, Frank Sader, 2000, Fuula 72.

10. Kan Itti fufe

11. Kan Itti fufe

Dhaabbileen mootummaa tajaajila ga'umsa qabu kennan kan hinjirre yoo ta'e invastarootni tajaajila gahaa argachuu waan hindandeenyeef, sababa tajaajila gahaa dhabaniif mufachuun gara biyyoota biro deemuu ni danda'u.Dandeetti fi ga'umsi dhaabbileen mootummaa tajaajila kennan qaban murtiin isaanii iftoominaa fi qulqullina akka qabaatu dhimmoota murteessaniii dha [12] Dhaabbileen Mootummaa dandeettii fi ga'umsa kan hinqabne yoo ta'e tajaajilli isaan kennan qulqullina fi iftoomina qabaachuu hindanda'u. Bakka tajaajilli qulqullinaa fi iftoomina qabu hinkennamnetti immoo gochaaleen malaanmaltummaa uumamuun isaanii waan hinoolleef, tajaajila dhaabbilee mootummaatiin kennaman keessatti loogiin adda addaa akka raawwatamu kan taasisuu fi babal'ina invastimentii tiif guufuu kan ta'u dha.

Humni kaappitaalaa gahanis biyya keessa kan hinjirre yoo ta'e babal'innii invastimentii akka barbaadametti deemuu hindanda'u. Sababni isaa abbootiin qabeenyaa dhuunfaa kaappitaala xiqqaa qabanitti dabaluun dhaabbilee Maallaqaa (Financial institutions) irraa liqii kan barbaadan yoo ta'e akka fedha isaaniitti argachuu hindanda'an. Humna maallaqaa barbaachisu akka barbaadametti argachuu baannaan immoo hojii invastimentii irratti akkaataa barbaadameen hirmaachuun hindanda'amu.

Hanqinootni invastimentii gufachiisan armaan olitti ibsaman akkuma jiranitti ta'ee hanqinni dandeetti fi ogummaa invastarootni dhuunfaan qabanis kanneen invastimentii gofachiisan keessaa isa tokko dha. Hanqinnootni invastarootni dhuunfaan qaban kan akka hanqina dandeetti gaggeessummaa, fi aadaa hojii mataa ofii uumanii (Enter perenurship) hojjachuu dhabuu invastimentiin, keessumaayyuu, invastimentii dhuunfaa akka hinbabal'annee kanneen taasisan keessaa isaan gurguddoo dha [13]

12. Kan Itti Fufe ,

13. Lakk 5 irratti kan tuqame

Hojii invastimentii irratti bobba'udhaaf waantoota murteessaa ta'an keessaa lafa ta'uun isaa beekamaa dha. Invastaroota hojii invastimentiitiif affeeruun dura lafti dhimma kanaaf tajaajilu duraan dursee qophaa'u isaa akkaataa gosa invastimentii gaggeeffamuun addaan bahuu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaa dha. Lafa invastimentiif qophaa'ee invastarootaaf kennuu keessatti rakkoowwan mudachuu danda'an hambisuf seerotni bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa ifa ta'e jiraachuun isaas murteessaa dha. Walumaa galatti, waantota armaan olitti ibsaman kanneen invastimentii gufachiisuu danda'an maqsuuf ykn salphiisuuf ga'een mootummaa dhimma akka salphaatti ilaalamu miti. Kanaafuu, mootummaan babal'inni invastimentii haala itti fufiinsa qabuun cimaa akka deemu waantota armaan olitti invastimentii gufachiisuu danda'u jedhamanii tarreeffaman irraatti gama hundaanuu xiyyeeffannaan hojjachuutu irraa eegama.

1.3. Guddina Diinagdee fi Invastimentii Dhuunfaa

Guddina diinagdee fiduuf invastimentiin ga'ee ol'aanaa qaba. Bakka invastimentiin ykn kuufamni kaappitaala hinjirretti waa'ee guddina diinagdee yaaduun hindanda'amu. Invastimentiin oomishaa fi oomishtummaa babal'isuu keessatti ga'een inni qabu salphaa miti kana malees, guddina tekinoolojii fi dandeetti fi ogummaa addaa uumuudha. Kanneen daandii banan keessaa isa tokko dha. Dabalataanis carraan hojii uumuudhaan hojidhabdummaa hir'isuu keessatti ga'een inni qabu akka salphaatti dhimma ilaalamuu miti. Kanaafuu, babal'inni invastimentii guddina diinagdee keessatti dhimma akka bu'uuraatti ilaalamu jechuun ni danda'ama.

Hojiin invastimentii mootuummaa fi abbootii qabeenya dhuunfatiin kan gaggeeffamu yammuu ta'u guddina diinagdee keessatti ga'een invastimentii dhuunfaa ol'aanaa dha. Kanuma irraa ka'uun yeroo ammaa guddina diinagdee biyya tokko fiduu keessatti barbaachisummaa invastimentii dhuunfaa yeroo yeroon dabalaa deemaa jira.

Boqonnaa Lama

Itoophiyaatti Haala Sochii Invastimentii

Boqonna kana keessatti haali sochi invastimentii, keessumaayyuu, invastimentii dhuunfaa ilaalchisee bara mootummaa H/Sillaasee eegalee hanga ammaatti haali jiru kan keessatti dhiyaatu yammuu ta'u, dabalatanis, imaammatni seerotni invastimentii, akkasumas biyyatii keessatti wabii fi eegumsi seeraa invastarootaaf taasisame irratti ibis ni kennama. Kana malees, sadarkaa biyyattiittis ta'e, naannoo Oromiyaatti qaamolee bulchiinsa invastimentii, akkasumas gosota invastimentii mootummaa qofti irratti bobba'uu danda'uu fi kanneen biro irratti ibis ni kennama. Gaaffiiwwan marii adda addaa boqonnaa kana keessatti ni haammatamu.

Kaayyoo

Xumura Boqonnaa kanaa booda leenjifamootni:

- Haalli sochii invastimentii Itoophiyaa maal akka fakkaatu ni hubatu.
- Imaammataa fi seerota invastimentii Itoophiyaa irratti hubannoo ni argatu
- Qaamolee bulchiinsa Invastimentii sadarkaa sadarkaan jiran ilaalchisee hubannoo ni argatu
- Wabii fi eegumsa seeraa invastarootaaf taasisamu irratti hubannoo ni argatu.

2.1. Sochii Invastimentii Dhuunfaa

2.1.1. Bara Mootummaa H/Sillaasee (Bara 1935-1966)

Waraanni Itoophiyaa fi Ixaaliyaa jidduu ture akkuma xumurameen mootummaan H/Sillaasee sochiin inni taasisaa ture sirna mootummaa ammayyaa ta'e hundeessuu irratti kan xiyyeeffate ture. Yeroo sanatti sirni diinagde ture, sirna diinagdee seekarootni dhuunfaa fi mootummaa wal-cina deemuun guddina diinagdee keessatti hirmaachaa itti turani dha. Haala waliigalaa sochii diinagdee yeroo sanaa yoo ilaalle ga'een mootummaa guddina diinagdeetiif haallawwan mijaa'aa uumuu irratti kan xiyyeeffate ture-1 Haaluma kanaan, haallawwan mijaawaa kanatti fayyadamuun yeroon sun yeroo invastimentiin dhuunfaa dagaaguu itti jalqabe jechuun ni danda'ama. Yeroo sanatti invastimentii dhuunfaa jajjabeessuuf tarkaanfiiwwan adda addaa mootummaa yammuu sana tureen kan fudhataman yammuu ta'u, isaan keessaas seerotni invastimentii, invastaroota

dhuunfaa jajjabeessan akka qophaa'an ta'ee ture. Seerota kana keessaa labsii lakk 242/1958 akka fakkeenyaatti tuquun ni danda'ama.

Kaayyoowwan invastimentii ilaalchisee labsii kana keessatti tumaman keessaa inni guddaan kaappitaala biyyoolessa uumuu fi invastaroota biyya alaa harkisuu dha. Akkasumas karoorawwan invastimentii yeroo sana bahan keessatti dhangala'iinsa ykn dhufaatii invastimentii biyya alaa gara biyya keessatti taasisamu dhibbeentaa 44'n ol-guddisuu fi maallaqa baasii invastimentiif oolu dhibbeentaa 33'n ol-guddisuuf sochiin taasifame irraa hubaachuun akka danda'amutti invastimentii jajjabeessuuf hojjiwwan kan hojjatamaa turan ta'uu isaati [14]Labsii armaan olitti ibsame kana keessatti abbootiin qabeenya hundumtuu gosa invastimentii kamiyyuu irratti bobba'uu ni danda'u. Gosti invastimentii abbootiin qabeenya akka irratti hinhirmaanne daangeffame hinjiru. Taaksii biyya keessaa fi alaa irra bilisa ta'uu dabalatee onnachiiftuuwwan gaarii ta'an adda addaa labsii kana keessatti kan tumaman yammuu ta'u, abbootiin qabeenyaa biyya alaa lafa invastimentii argachuudhaaf mirga qabu turan [15].Abbootii qabeenyaa dhuunfaa jajjabeessuuf sochiin taasisamaa ture yoo jiraateyyuu invastimentii yeroo sanatti gaggeeffamaa ture keessatti ga'een abbootii qabeenyaa dhuunfaa kan tilmaama keessa galu hinturre. Invastarootni dhunfaadhaan hojii invastimentii irratti bobba'anis jiraatanullee irra caalaan isaanii invastaroota biyya alaa ti. Invasstarotni dhuunfaa, keessumaayyuu, invastarootni dhuunfaa biyya keessaa ga'een isaan invastimentii keessatti qaban gadi-aanaa akka ta'u sababootni adda addaa kan jiran yammuu ta'u aadaa hojii mataa ofii uumanii hojjachuu dhabuunii fi hanqinni kaappitaalaa isaan gurguddoo dha. Kun immoo karaa biraatiin invastimentiin biyyattitti gaggeeffamaa ture madda maallaqaa biyyoota alaa irratti kan hundaa'e akka ta'u taasisaa tureera.[16]

---

14. Budget DeficietAnd Private Investment In Ethiopia, Hiywot Belayneh , Business and Economics Faculty , A.A University, Unpublished, 1998, Fuula 40

15. Kan Itti Fufe

16. Kan Itti Fufe.

Hanqinootni armaan olitti ibsaman jiraatanillee haalli sochii invastimentii yeroo sanatti ture invastimentii, keessummaayyuu invastimentii dhuunfaatiif karaa kan bane jechuun ni danda'ama

2.1.2. Bara Mootummaa Dargii (1967-1982)

Yeroon kun yeroo sirni mootummaa H/Sillaasee itti kufee fi ilaalchi syaasaa fi diinagdee biyyatti bu'uuraan itti jijjiirame dha. Sochiin invastimentii jajjabeessu kan bara sirna bittaa Mootummaa H/Sillaasee ture dudduubatti yeroo itti deebi'e dha jechuun ni danda'ama. Keessumattuu, invastimentii abbootii qabeenyaa dhuunfaatiin jalqabamanii turan sababa jijjiirama siyaasaa fi diinagdee biyyatiitti gaggeeffameen akka bu'uuran rinciccee hafu yeroo itti taasisame dha.

Sirni bittaa mootummaa dargii bara 1967 tti taayitaa mootummaa erga qabatee booda ilaalcha siyaasaa sooshaalizimii biyyattiitti akka diriiru taasisuun ga'ee lammiiwwan biyyatti dhuunfadhaan guddina diinagdee biyyattii keessatti taasisan akka laafuu fi duubatti deebi'u taasiseera. Mootummmaan Dargii ilaalcha siyaasaa sooshaalizimii biyyattiitti erga labsee booda guddinni diinagdee fi siyaasa biyyatti qajeeltoowwan yaada bu'uuraa sooshaalizimii qofaan akka gaggeeffamu taasiseera. Akkaataa qajeeltoowwan yaada bu'uuraa ilaalcha siyaasaa sooshaalizimitiin dhaabileen dhuunfaa gara qabeenya mootummaatti akka jijjiiraman taasiseera.

Qabeenya dhuunfaa gara mootummaatti jijjiiruudhaaf yeroo jalqabaatiif ka'umaa kan ta'e labsii lakk 26/1971 yammuu ta'u seensa labsichaa irratti akka ibsametti guddina diinagdee biyyattitiif ykn tajaajilota murteessaa ta'an hawaasaaf kennuuf sababa jedhuun qabeenyawwan jiran hundi gara abbaa qabeenyummaa mootummaatti akka jijjiiraman tumame jira. Bu'uuruma labsii kanaatiin dhaabbileen dhuunfaa dhibba tokkoo ol ta'an gara mootummaatti akka jijjiiraman taasifamaniiru. [17]

17. Foreigen Investment Proclamation Strategy and Framework In Ethiopia, Fuula 32,

Haaluma wal-fakkaatuun, serotni itti fufuun bahanis aangoo mootummaan diinagdee biyyattii kallattii hundaan too'achuu itti danda'u kan cimsan turan. Keessumattuu, sochiiwwan daldalaa hirmaannaa abbootii qabeenyaa dhuunfaatiin gaggeeffamaa turan harka mootummaa yammuu galan hirmaannaa abbootii qabeenyaa dhuunfaa warshaalee xixiqqaadhaan kan daangeffame ture. Sochiin qabeenya dhuunfaa gara mootummaatti jijjiruuf taasifame itti fufee osoo jiruu mootummaan Dargi[18] bara 1975 labsii bahe labsii lakk 235/1975'n haala invastarootni biyya alaa mootummaa waliin itti hojjatan baasee ture. Haata'u malee, abbootiin qabeenyaa lammummaan isaanii Itoophiyaa ta'e kana keessatti akka hirmatan hintaasisamne.

Fooyya'iinsi diinagdee gabaa bilisaa hanga tokko bara dhuma sirna bittaa mootummaa dargii kan taasisame yammuu ta'u, gatii fi gabaan oomishaalee qonnaa haala bilisa ta'een akka gaggeeffamu ta'ee ture. Haata'u malee, bu'aan fooyya'insichi argamsiise osoo qabatamaan hin mul'atin dargiin taayitaa mootummaa irraa bu'eera. Akkuma walii-galaatti, imaammataa fi seerota invastimentii sirna bittaa mootummaa dargii irraa hubachuun akka danda'amutti invastarootni dhuunfaan kan hinjajjabeeffame ture. Qabatamaan ilaalchi yeroo sana tures invastimentii dhuunfaa kan jajjabeessu osoo hinta'in hojii invastimentii mootummaadhaan gaggeeffamaniif kan loogu ture jechuun ni danda'ama.

2.1.3. Bara 1983 booda

Dhuma bara 1983tti taayitaa mootummaa kan qabate Mootummaa ADWUI yammuu ta'u yeroon kun biyyaatttiitti yeroo ilaalchi siyaasaa duraan ture bu'uuraan itti jijjiiramee fi sirni caasaa mootummaa haaraan itti diriire dha.. Haaluma kanaan ga'een mootummaan diinagdee keessatti qabu dhimmoota imaammataa fi tarsiimoo irratti kan itti daangeffamee fi ga'een abbootii qabeenyaa dhunfaa guddina diinagdee biyyatti keessatti qaban akka babal'atu haallawwan mijaa'aan yeroo itti uumamani dha.

18. Kan Itti Fufe.

Akkaataa immammata diinagdee yeroo kana keessatti taasisameen mootummaan shoora diinagdee keessatti qabu jijjiiruun dhimmoota gurguddoo tarsiimoowwan diinagdee ta'an qofa irratti of daangessuun abbootiin qabeenyaa dhuunfaan guddina diinagdee keessatti hirmaannaa ol'aanaa akka qabaatuun kan taasise yammuu ta'u haaluma kanaan imaamata diinagdee biyyattii irratti akkuma ibsametti ga'een mootummaan diinagdee keessatti qabu kanneen armaan gadii tuquun ni danda'ama.

- Guddina diinagdee biyyatti ariifachiisuu fi hawaasa biyyattiis itti fayyadamaa taasisuuf kallittiwwan guddinaa kaa'uu;
- Seektaroota Mootummaan yoo gaggeeffaman caalmaatti bu'aa buusanii fi kaappittala dhuunfaatiin kanneen hingaggeeffamne qofa irratti hirmaachuu;
- Hojii gabaa tasgabeessuu raawwachuu;
- Kaappittalli dhuunfaan akka cimu haala mijeessuu;
- Uummatni biyyatti wal-ta'iinsaan sochii diinagdee keessatti akka hirmaatu taasisuu;
- Kaappitaalli biyya keessaas ta'e biyya alaa daangaa malee diinagdee biyyattii keessatti akka socho'u haala mijeessuu;
- Sirna hojii walxaxaa dhabamsiisuun kanaafis seeroota haaraa baasuu fi kan jiran fooyyessuu;
- Kaappitaala dhuunfaa keessatti kaappitaalli biyya keessaa haala dursa itti argatu uumuun sirna onnachachiiftuu adda addaa diriirsuu;
- Kaappitaalli biyya alaas haala ga'umsa qabuun diinagdee keessatti akka socho'u taasisuu;
- Waldaaleen adda addaa dhiibbbaa mootummaa irraa bilisa ta'uun akka gurmaa'an haala mijeessuu fi k.k.f. [19]

19. F.D.R.E Economic Policy Document, Page……

Fooyya'iinsa Imaammata diinagdee biyyattii irratti hundaa'uun kan qophaa'ee tarsimoon misooma diinagdee biyyattiis oomishtummaa qonnaan bulaa guddisuu fi oomishaalee dheedhii biyya keessaa fi humna namaa jirutti ga'umsaan fayyadamuun damee diinagdee industrii babal'isuu irratti kan xiyyeeffate dha. Raawwiin tarsiimichaa humnoota gabaa irratti kan hunda'ee fi hirmaannaa cimaa damee diinagdee invastimentii dhuunfaa kan jajjabeessu dha.

Dabalataanis imaammataa fi tarsiimoo misooma diinagdee biyyattii hojii irra oolchuudhaaf mootummaan imaammata adda addaa guddina diinagdee biyyattiif gumaacha taasisan adda addaa baasee jira. Kanneen keessaa imaammata Fiisikaalaa (Fiscal Policy) tuquun ni danda'ama. Imaammata kana keessatti mootummaan sagantaalee galii fi baasii irratti jijjiirama taasisuun guddina diinagdee keessatti tooftaa ga'ee mataa isaa itti bahu baasee jra. Haaluma kanaan dameen diinagdee invastimentii, keessumaayyuu, invastimentii dhuunfaa humna hojii ga'umsa qabu akka qabaatu, dhiibbaan kaffaltii taaksii akka hir'atuu fi dhiibbaan mootummaan diinagdee keessatti qabu akka salphatu tarkaanfiiwwan adda addaa fudhatamaniiru. Kanneen keessaa akka fakkeenyaatti.:

- Meeshaaleen gara biyyoota alaatti ergaman gosaa fi qulqullinaan akka dabalan taasisuun gabaa addunyaa irratti dorgomaa akka ta'an (buna osoo hindabalatin) gibirrii fi qaraxni meeshaalee biyya alaatti ergaman irraa akka ka'u taasisamuu isaa.
- Hanqinni kaappitaalaa damee diinagdee invastimentii dhuunfaa akka hinquunnamne qaamolee mootummaatiif daangaan hanga liqii murtaa'uu isaa fi k.kf.. [20]

20. F.D.R.E. Fiscal Policy Document , Page …

Akkasumas, imaammatni faayinaansii biyyattii kan qophaa'e yammuu ta'u, imaammatichis dhiyeessi fi fedhiin faayinaansii ykn maallaqaa akka wal-gitu taasisuun sirna diinagdeen ittiin hoogganamu waan ta'eef, haaluma kanaan gama tokkoon dhiyeessi maallaqa biyya keessaa seektara hojii oomishaa keessumaayyuu, fedhii liiqii damee diinagdee dhuunfaatiif akka oolu, gama biraatiin kufatiin gatii maallaqaa biyya keessaa haala itti hir'achuu danda'uun kan karoorfame yammuu ta'u fooyya'iinsa imammata Fisikaalaa (Fiscal policy) waliin haala wal simuun liiqii mootummaaf kennamu xiqqeessuu kaayyoo isaa ol'aanaa godhachuun qophaa'eera. Imaammata maallaqa kanaa hojiirra oolchuuf human maallaqaa jiru walitti qindeessuun sochoosuu fi haala ga'umsa qabuun itti fayyadamuuf hangi dhala baankii akka ol ka'u ta'ee jira. Kana malees, abbootiin qabeenya dhuunfa tajaajila hojii bankii irratti akka bobba'an taasisuun monopolummaan mootummaan tajaajila hojii seektara bankii irratti qabatee ture akka dhaabbatu ta'ee jira.

Walumaa galatti, imaammatni invastimentii amma jiru, imaammattoota sirna bittaa mootummaa H/Sillaasee fi Dargii walii wal-bira qabamee yammuu ilaallamu qalbii invastaroota biyya keessaas ta'e kan biyya alaa kan harkisu dha jechuun ni danda'ama.

2.1.3.1.Seerota Invastimentii Itoophiyaa

Imaammata diinagdee gabaa bilisaa bu'uura godhachuun diriire irratti hundaa'uun bara 1983 baooda biyyattiitti seerotni adda addaa kan bahan yammuu ta'u seerota kana keessaa tokko seerota invastimentii ilaalchisanii bahanii dha. Seerota invastimentii bahan keessa inni jalqabaa labsii lakk 15/1984 bahe dha. Labsiin kun invastimentii ilaalchisee seerota abbootii qabeenyaa dhuunfaa jajjabeesan keessaa adda dureen kan tuqamu dha. Hojiiwwan invastimentii duraan abbootiin qabeenyaa dhuunfaa akka irratti hinbobbaane dhorkamanii turan hunda banaa taasisuun, abbootiin qabeenyaa biyya keessaa akka hirmaatan taasiseera. Abbootiin qabeenyaa biyya alaas kaappittaala qaban abbootii qabeenya lammiiwwan biyyattii ta'an waliin walitti dabaluun hojii invastimentii irratti akka bobba'an karaa bane jira.Ga'ee abbootiin qabeenyaa dhuunfaa guddina diinagdee

keessatti qaban cimsuu fi loogiiwwan adda addaa abbootii qabeenya dhuunfaa irratti raawwatamaa ture hambisuuf mootummaan tarkaanfiiwwan adda addaa fudhatamaniiru.

Haaluma kanaan invastarootni biyya keessaa kaappitaala qarshii 250,000 fi invastarootni doolaara Amerikaa 500,000'n hojii invastimentii irratti bobba'an onnachiiftuu ykn jajjabeessituuwwan adda addaa akka argatan labsii lakk 15/1984 keessatti tumamee jira. Onnachiiftuuwwan ykn jajjabeessituwwan invastarootni kunniin akka argatan labsii armaan olii keessatti tumaman keessaa akka fakkeenyaatti kanneen armaan gadii tuquun ni danda'ama.

a) Gibirrii fi qaraxa maashinarii fi meeshaalee adda addaa biyya alaa irraa galchaniif kaappitaala hojii invastimentii irra oole keessaa hanga 15% tti bilisa ta'uu.
b) Gibira galii argatan irraa kaffalamu ilaalchisee hanga waggaa sadiitti bilisa ta'u.
c) Invastarootni biyya alaa bu'aa fi dividandii argatan gara biyya isaanii erguu akka danda'an.

Kana malees, Labsichi invastaroota biyyaa keessaa fi alaatiif wabii fi eegumsa seeraa adda addaa kan taasise yammuu kana keessaas qabeenyi invastara biyya keessaas ta'e biyya alaa akkaataa seerri hayyamuun yoo ta'e malee dhaalamuu ykn gara abbaa qabeenyummaa mootummaatti jijjiramu akka hindandeenye ifatti tumee jira. Fedhii fi faayidaa uummataa eegsisuuf jecha qabeenyi invastaraa kan dhaalamu yoo ta'e beenyaan gahaan dursee kaffalamufii akka qabu labsii kana keessatti tumamee jira. Labsiin lakk 15/1984 labsii lakk. 37/1988'n kan fooyya'e yammuu ta'u labsichi hanqinoota labsii lakk 15/1984 keessatti mul'atan fooyyessuuf kan qophaa'e dha. Haaluma kanaan hanqinoota labsii lakk 15/1984 keessatti mul'atan kan labsii lakk 37/1988"n fooyya'an keessan inni tokko invastaroota kaappitaala qarshii 250,000'n hojii invastimentii xixiqqaa fi giddu galeessaa irratti bobba'aniif onnachiiftuuwwan adda addaa akka kennaman of

keessaa qabaachuu isaa ti. Kana malees, labsichi abbootii qabeenya seektara qonnaa, warshaalee fi ijaarsawaan xixiqqaa irratti bobba'uu barbaadanis kan jajjabeessuu yammuu ta'u invastrootni seektara barnoota, fayyaa, hoteelaa fi tuurizinii irratti bobba'anis itti fayyadamtoota onnachiftuu akka ta'an kan of keessatti qabate dha.

Labsiin invastimentii Federaalaa lakk 37/1988, labsii lakk 280/1994"n kan fooyya'e yammuu ta'u labsii kana keessatti gosoota pirojektii invastimentii mootummaan qofti ykn abbootii qabeenya biro waliin walta'iinsaan hojjachuu danda'an, kanneen invastarootni biyya keessaa qofti irratti bobba'uu danda'anii fi kanneen invastaroota biyya alaatiif hayyamaman addaan bahanii tumamanii jiru. Haaluma kanaan gosootni pirojektii invastimentii kan akka dhiyeessa humna ibsaa akka biyyoolessaatti gaggeeffaman, tajaajila poostaa atattamaa osoo hindabalatiin tajaajiloota poostaa kan biro (postal services with the exception of couries services), gosoota pirojektii mootummaan qofti gaggeessuu danda'u ta'uu isaa labsii kana keewwata 5(1)(a-b) jalatti ifatti tumamee jira. Keewwatuma kana keewwata xiqqqaa 2(a-b) jalatti akkaataa tumameen gosoota piroojektii kan akka meeshaa waraanaa oomishuu fi tajaajila telekoominikeeshiinii mootummaa fi abbootiin qabeenya dhuunfaa waliin ta'uun kanneen hojjachuu danda'an ta'uun isaa tumamee jira.Gosoota invastimentii kana irraa hafan abbootii qabeenyaa dhuunfaatiif banaa akka ta'an taasisamaniiru.

Labsii kana keessatti gosoota pirojektii invastimentii abbotii qabeenyaa dhuunfaa biyya keessaa qofaaf eegaman (Reserved) kan jiran ta'uu isaa labsicha keewwata 6 jalatti tumamee jira. Tarreeffamni gosoota pirojektii invastimentii abbootii qabenyaa dhuunfaa biyya keessatiif eegaman Dambiidhaan murtaa'uu akka danda'u keewwatuma armaan olii jalatti kan ibsame yammuu ta'u, labsicha bu'uura godhachuun dambii bahe lakkoofsa 84/1995 jalatti gosootni pirojektii abbootii qabeenyaa dhuunfaa biyya keessattif eergaman tarreeffamanii jiru. Dambii kana keewwata 3 jalatti akkaataa tumameen gosoota pirojektii abbootii qabeenyaa dhuunfaa biyya keessattif eegaman gabatee dambii kanaan wal-

qabatee keessatti ibsamee jira. (Duuka deemtuu Lakk_____ilaaluun ni danda'ama).

Gosootni pirojektii invastimentii mootummaan ykn abbootii qabeenya dhuunfaa biyya keessatiin akka hojjataman hayyamamaniin ala kan jiran abbootii qabeenya dhuunfaa biyya alaatiif banaa akka ta'an labsicha keewwata 8 jalatti ifatti tumamee jira.

Invastaroota biyya keessaas ta'e biyya alaa harkisuuf onnahiiftuuwwan adda addaa invastarootaaf kennamuu akka danda'u labsii lakk 280/1994 keewwata 9 jalatti kan tumame yammuu ta'u gosti fi hangi onnichiiftuu kennamuu qabu Dambii Manni Maree Ministrootaa baasuun kan murtaa'uu ta'uu isaas tumamee jira.Haaluma kanaan Dambii lakk 84/1995 bahe keewwatoota (4-9) jalatti gosootni pirojektii invastimentii onnachiiftuun hayyamamuufii qabuu fi gosti onnachiiftuu kennamuu qabu ifatti tumamee jira. (Duuka deemtuu Lakk_____ ilaaluun ni danda'ama).

Wabii fi eegumsa invastarootaaf taasifamu ilaalchisee haaluma labsii lakk 15/1984 keessatti tumameen labsii lakk 280/1994 keewwata 21 jalatti kaappitaalli ykn qabeenya hojii invastimentii irra oole faayidaa fi fedhii uummataatiif yoo ta'ee fi akkaataa seeraatiin yoo ta'e malee fudhatamuu ykn dhaalamuu akka hindandeenye ifatti tumamee jira. Faayidaa uummataatiif jecha akkaataa seeraatiin kan fudhatamu ykn dhaallamu yoo ta'e beenyaan galii gabaa yerootiin wal-gitu dursee kaffalamu akka qabu keewwata kana jalatti ifatti tumamee jira. Kana malees, invastarii biyya alaa akkaataa keewwata armaan olittin beenyaan kaffalameef, beenyaa kaffalameef sharafa biyya alaatti jijjiruun Itoophiyaa alatti ergu akka danda'u keewwatuma kana jalatti tumamee jira..

2.1.3.2.Qaamole Bulchiinsa Invastimentii Sadarkaa Federaalaa

Kufaatii sirna bittaa mootummaa Dargii booda Itoophiyaatti sirni caasaa mootummaa haaraan jechuunis sirni caasaa mootummaa Federaalawaa kan diriire yammuu ta'u sadarkaa jiddu galeessaa fi sadarkaa naannootti qaamoleen aangoo mootummaa adda, addaa qaban hundeeffamaniiru. Haaluma kanaan qaamooleen

kunis mootummaa Federaalaa fi Naannoolee yammuu ta'an dhimma invastimentii ilaalchisee sadarkaa Federalaatiis ta'e sadarkaa naannoleetti qaamotni Bulchiinsa invastimentii hundeeffamaniiru.

Sadarkaa Federaalaatti qaamotni bulchiinsa invastimentii kan hundeeffaman yammuu ta'u isaanis Boordii fi Ejensii invastimentii Federaalaa ti. Akkaataa labsii Lakk 280/1994 keewwata 22 tiin Boordiin invastimentii Federaalaa Ministeera Daldalaa fi Industriitiin kan hoogganamu ta'ee aangoo fi ga'ee hojii adda addaa kan qabu yammuu ta'u kana keessaa invastimentii ilaalchisee imaammatni fi seerotni bahan Ejensii invastimentii Federaalaatiin hojii irraa ooluu isaanii too'achuun isa tokko dha. Akkasumas dhimmoota imaammaataa irratti murtee ni kenna. Kana malees, labsiiwwan invastimentii hojii irra oolchuudhaaf daambiiwwan fi qajeelfamoota adda addaa baasuuf qaama aangoo qabu dha. Dabalatanis Boordichi onnachiiftuuwwan invastarootaaf kennaman ykn kennamuu qaban ilaalchisee murtee kennuuf qaama aangoo qabu. Murtiiwwan invastimentii ilaalchisee Ejensiin invastimentii Federaalaa kennu irratti invastarootni komii kan dhiyeessan yoo ta'e komii dhiyaate ilaaluun murtii kennuudhaaf aangoo ni qaba. Bakka barbaachisaa dha jedhee itti amanetti onnachiiftuuwwan haaraa ykn dabalataa invastarootaaf kennamu qaban ilaalchisee yaada murtii qopheessee Mana Maree ministrootaaf dhiyeessuu ni danda'a.

Qaamni bulchiinsa invastimentii sadarkaa Federaalaa Boordichatti aanee jiru Ejensii Invastimentii federaalaa yammuu ta'u Ejensichi aangoo fi ga'ee hojii adda addaa kan qabu dha.Isaan keessaas invastaroota hojii invastimentii irratti bobba'uu barbaadaniif carraa invastimentii biyyattiin qabdu beeksisuun invastarootaaf odeeffannoo kennuun isa tokko dha. Akkasumas invastaroota biyya alaa hojii invastimentii irratti bobba'aniif hayyamaa invastimentii fi hojii ni kenna.

Galmeessa waliigaltee tekinoolojii dabarsuu dabalatee invastimentii kallatti biyya alaa irraa dhuufuf haala ni mijeessa. Akkasumas, sadarkaa raawwii projektoota invastimentii hojii irra jiran ni too'ata, tarkaanfii sirreeffamaas ni fudhata. Walii-

galteewwan beeksisaa fi eegumsa invastimentii (Investment Promotion and Protection Agreements) ilaalchisee biyyoota biroo wliin taasisamu qaama dhimmi ilaaluun erga mirkanaa'ee booda ni mallatteessa. Walumaagalatti invastimentii ilaalchisee dhimmoota immaammataa irratti mootummaadhaaf gorsa ni kenna.

2.2. Naannoo Oromiyaatti Haala Sochii Invastimentii

Kufaatii sirna dargiitti aansuun bu'uura sirna caasa mootummaa haaraa diriirfameen, Itoophiyaan sirna caasaa mootummaa Federalawaa hordofaa jiraachuun ni beekama. Haaluma kanaan biyyattiitti mootummaalee naannoo adda addaa hundeeffamanii jiru.Naannoolee akka mootummaa naannootti hundeeffaman keessaa mootummaa naannoo Oromiyaa isa tokko dha. Haaluma kanaan mootummaan naannichaa haala qabatamaa biyyoleessaa fi naannichaa irratti hundaa'uun dhimmoota hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaa naannicha keessatti gaggeeffaman irratti sochiiwwan adda addaa taasisaa tureera. Jireenya hawasa naannichaa gama hawaasummaa fi diinagdeetiin fooyyessuuf tarkanfiiwwan adda addaa fudhatamaa turaniiru.

Naannichaatti dhimmoota sochiin irratti gaggeeffamaa ture keessaa tokko dhimma invastimentii yammuu ta'u imaammata invastimentii akka biyyaatti gabaa bilisa bu'uura godhachuun qophaa'e irratti hundaa'uun haala invastimentii, keessumaayyuu, invastimentii dhuunfaa jajjabeessuun seerootni adda addaa bahaa turaniiru.

Akkuma beekamu naannoon Oromiyaa naannoolee carraan invastimentii bal'aan keessatti argamu keessaa tokko dha. Carraawwan invastimentii naannichatti invastarootni irratti bobba'uu danda'an keessaa kan akka qonnaa, agro-prosesiingii, warshaalee adda addaa tuquun ni danda'ama. Kana malees, naannichi gama tuurizimiitiin carra invastimentii bal'aa kan qabu yammuu ta'u iddoowwan tuurizimii tuuristoota biyya keessaas ta'e alaa hawwatan hedduutu jira. Carrawwan invastimentii jiran kana irratti invastarootni biyya keessaas ta'e biyya alaa akka hirmaatan qaamoleen hordofan qaamoleen bulchiinsa invastimentiis seeraan kan hundaa'an yammuu ta'u seerotni invastimentii adda addaas bahanii jiru.

2.2.1. Seerota Invastimentii Oromiyaa

Invastimentii ilaalchisee yeroo duraatiif seerri bahe labsii Qaamolee bulchiinsa invastimentii naannichaa hundeessuuf bahe Lakk.2/1987 fi Labsii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa invastimentiidhaaf ooluu danda'u Murteessuuf labsii bahe Lakk 3/1987 dha. Labsii Itti fayyadama lafa baadiyyaa Invastimentiif ta'u murteessuuf bahe lakk 3/1987 keewwata 3(1) jalatti akkaataa tumameen bu'uura labsii Invastimentii Federaalaa fi naannichaatiin invastarri naannichaatti hojii invastimentii irratti bobba'uu barbaadu lafa invastimentiif oolu mirga argachuu fi itti fayyadamuu akka qabu tumamee jira. Invastarri akkaataa labsii kanaa keewwata 3(1) tiin lafa fudhate, lafa fudhate irratti hojii invastimentii jalqabdun dura akkaataa seera daldala biyyattiitiin galmaa'uu fi hayyama daldalaa qabaachuu akka qabu labsii kana keewwata 12(1) fi (2) jalatti ifatti tumamee jira.

Invastarri lafa invastimentii fudhachuun mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa qabu kamiyyuu mirga itti fayyadamaa argate akkaataa pirojektii invastimentii hayyamameetiin qaama birootiif dabarsuu akka danda'u labsii kana keewwata 16 jalatti tumamee jira. Haata'u malee, akkaataa keewwata kanaatiin qaama birootti dabarsuudhaaf duraan dursee lafa kennameef irratti akkaataa kaayyoo pirojektichaatiin duraan dursee oomisha jalqabuu akka qabu kewwatuma kana jalatti tumamee jira. .

Kana malees, labsii kana keessatti dhimmoota tumaman keessaa inni biroo wabii fi eegumsa invastarootaaf taasifame yammuu ta'u, akkaataa labsii kanaa keewwata 17(1)tiin invastarri mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa argate kamiyyuu ragaa laficha seeraan argachuu isaa ibsu akka dhiyeesseen waraqaa ragaa abbaa qabiyyee lafaa qaama dhimmi ilaalu irra argachuuf mirga qaba. Dabalataanis hanga barri waliigaltee dhumutti mirga lafichatti fayyadamuu akka qabu fi akka itti hinfayyadamne dhorkamuu akka hindandeenye keewwatuma armaan olii keewwata xiqqaa(2) jalatti tumamee jira. Faayidaa fi fedhii uummataatiif oolchuuf mootummaan kan barbaadu yoo ta'e malee qabeenyi invastaraa dhaalamuu ykn harkaa fuudhamuu akka hindandeenye, faayidaa fi fedhii uummaataatiif kan

dhaalamu ykn kan harkaa fuudhamu yoo ta'e duraan dursee beenyaan gabaa yerootiin walgitu kaffalamuufii akka qabus keewwata 17(3) jalatti ifatti tumamee jira. (Duuka Deemtuu Lakk_____ilaaluun ni danda'ama.)

2.2.2. Qaamolee Bulchiinsa Invastimentii

Sadarkaa naannoo Oromiyaatti qaamoleen bulchiinsa invastimentii naanichaa kan hundeeffaman yammuu ta'u Labsiin Qaamolee Qulchiinsa Invastimentii naannichaa hundeessuuf bahe lakk 2/1987 isa jalqabaa ti. Akkaataa labsii kana keewwata 5tiin qaamoleen bulchiinsa Invastimentii naannichaa Boordii, waajjira Invastimentii naannichaa, koreewwan invastimentii sadarkaa Godinaa fi Aanaatti hundeeffaman yammuu ta'u, labsiin kun labsii lakk 115/1998"n deebi'ee fooyya'ee jira. Labsii irra deebiidhaan qaamolee bulchiinsa invastimentii naannichaa hundeessuuf bahe kana keewwata 6 jalatti akkaataa tumameen qaamoleen bulchiinsa invastimentii naannichaa Boordii, koomishinii invastimentii fi koreewwan invastimentii Godinaa, Aanaa, akkasumas sadarkaa bulchiinsaa magaalaa yammuu ta'an, labsii lakk 2/1987 keessatti waajjirri Invastimentii naannichaa sadarkaa waajjiraatti hundeeffamee ture sadarkaa koomishiniitti akka gurmaa'u ta'ee jira.

Labsiin lakk 115/1998tiis labsii qaamolee bulchiinsaa invastimentii naannichaa irra deebiidhaan yeroo lammaffaaf fooyyessuuf bahe lakk 138/2000"n kan fooyya'e yammuu ta'u labsiin kun labsii yeroo ammaa hojii irra jiru dha.Akkaataa labsii kanaatiin qaamoleen bulchiinsa invastimentii naannichaa Boordii, Koomishinii Invastimentii, koreewwan invastimentii sadarkaa godinaa, Aanaa fi Bulchiinsa Magaalaa ti. Akkaataa Labsii lakk 138/2000tiin walitti qabaan Boordii invastimentii naannichaa pirezidaantii naannichaa ta'ee boordichi invastimentii qaama hooggansaa ol'aanaa dha. Labsicha keewwata 6 jalatti akkaataa tumameen Boordichi aangoo fi ga'ee hojii armaan gadii qaba.

1) Imaammataa fi tarsiimoo invastimentii ilaalchisee qophaa'e Mana Maree Bulchiinsa naannichaatiif ni dhiyeessa, yammuu mirkanaa'u hojii irra ni oolcha;

2) Sochii invastimentii naannichaa ol'aantummaadhhan ni to'ata;
3) Invastimentii ilaalchisee qajeelfama adda addaa ni baasa;
4) Jajjabeessituu hojii invastimentii qopheessuun Mana Maree Bulchiinsa Naannichaatiif ni dhiyeessa, yammuu mirkanaa'u hojii irra ni oolcha;
5) Dhimma Invastimentii irratti Koomishinii fi qamolee sochii invastimentii keessatti ga'ee qabaniin murtii kenname irratti komiin yoo dhiyaate murtii ni kenna, murtiin Boordichi kennus murtii dhumaa ta'a;
6) Lafti invastimentii baadiyyaa fi magaalaa qaama dhimmi ilaaluun akka qophaa'u ni taasisa, raawwii isaas ni hordofa;
7) Pirojektoota gurguddaa faayidaa ol'aanaa qaban ilaalchisee invastaroota hayyama invasimentii qabaniif lafa ni kenna., ni bulcha;
8) Beenyaan lafa invastimentii akkaataa seeraatiin akka kaffalamu ni taasisa;
9) Lafa invastimentii qophaa'eef bu'uurri misoomaa dursee akka galu ni taasisa;
10) Ijaarsa seeraan alaa lafa invastimentii irratti gaggeeffamu ni too'ata, tarkaanfii sirreeffamaas ni fudhata;
11) Wal-harkaa fuudhiinsa dhaabbilee mootummaa dhimma invastimentiitiif akka oolan murtaa'aan ilaalchisee haala raawwuii isaa ni hordofa;
12)

Haaluma walfakkaatuun aangoon qaamolee bulchiinsa invastimentii sadarkaa godinaa, magaalaa fi aanaa Labsiidhuma kana keewwattoota 8, 10 fi 12 jalatti akkaataa wal duraa duuba isaaniitiin tumamee jira.

Gaaffiiwwan Marii

1) Invastaroota Pirojektii invastimentii akkamii irratti bobba'aniif onnachhiftuun hayyamama? Gosoota onnachiiftuu kennamuu tarreessi.
2) Kaayyoon onnachiiftuu invastarootaaf kennamuu maali?
3) Gosoota piroojektii invastimentii tokko tokko irratti mootummaan qofti ykn abbootii qabenyaa mootummaa waliin akka hojjetan fi abbootiin qabeenyaa dhuunfaan gosoota piroojektii akkasii irratti akka hinbobbaane maaliif dhorkama?

Boqonnaa Sadii

Naannoo Oromiyaatti Invastimentii fi Ga'ee Qaamolee Haqaa

Boqonnaan kun babal'ina invastimentii keessatti ga'een qaamoleen haqaa qaban irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, guddina diinagdee keessatti qaamoleen haqaa shoora akkamii taphachuu akka qaban kan keessatti xiinxalamu dha.

Kana malees, waldhabdeewwan invastimentii waliin wal-qabatanii akka naannoo Oromiyatti ka'anii fi tooftaa itti hiikamuu danda'an kan keessatti ibsamudha. Dabalatanis invastimentii ilalchisee ga'een akka Manneen Murtii, Abbaa Alangaa fi Pooliisii maal ta'uu akka qabu waldhabdeewwan invastimentii yeroo ammaa naannoo Oromiyaatti ka'aa jiran ilaalchisee rakkoowwan qabatamaa yeroo ammaa mul'atan kan keessatti ilaalamu ta'a. Gaaffiiwwan mariis boqonnaa kana keessatti kan haammatman ta'a.

Kaayoo:

Xumura boqonnaa kanaatti Leenjifamtootni:

- Guddina diinagdee keessatti ga'een qaamolee haqaa maal akka ta'e ni hubatu;
- Waldhabdee invastimentiin walqabatee ka'uu fi haala itti hiikamuu danda'u irratti hubannoo ni argatu.
- Invastimentii jajjabeessuu keessatti ga'ee Manneen Murtii, Abbaa Alangaa fi Poolisii ni hubatu;

3.1. Guddina Diinagdee keessatti Ga'ee Qaamolee Haqaa (Haal-Walii-galaa)

Guddina diinagdee biyya tokkoo keessatti ga'een qaamolee haqaa dhimma akka salphaatti ilaalamu miti. Akkuma beekamu qaamoleen haqaa qaamolee seerota bahan hojii irra akka oolan taasisanii dha. Seeraa fi Qaamolee haqaa (Law and Justice Sectors) gargar baasuun ilaaluun kan hindanda'amne yoo ta'ellee, lamaanuu bu'aa jireenya hawaasummaa ilma namaa ta'anii waantota of danda'anii dhaabbatanii dha. Seerri meeshaa wal-quunamtiin hawaasa jidduutti taasisamu ittiin too'atamu dha. Qaamoleen haqaa immoo gama isaaniitiin meeshaalee seerota bahan hojii irra ittiin oolchinuu fi seerotni bahan qabatamaan

hojiirra akka oolan kan taasisanii dha.[21] Seerotni gaariin hojii irra ooluu danda'an jiraatanus seerota kana hojii irra oolchuuf qaamni ga'umsa qabu kan hinjirre yoo ta'e seerotni barreeffaman faayaa waraqaa ta'anii hafu.

Qaamoleen haqaa tajaajila haqaa haala saffisa qabuu fi bu'a qabeessa kan hinkennine yoo ta'e abdii fi amantaan hawaasni qaama kana irraa qabaachuu qabu ni xiqqaata. Seerota bahan bu'uura godhachuudhaan amoloota hawaasa biratti fudhatama hinqabnee fi seeraan dhorkamaa ta'an sirreessuun tajaajila haqa qabeessa, tilmaamaa fi qaqqabamaa ta'e kan hinkennine yoo ta'e haallawwan sochii diinagdee, keessumattuu haallaawwan invastimentiidhaaf mijaa'aa ta'an jiraachuu hin danda'an. Seerotnii bahan haala iftoominaa qabuu fi haqa qabeessa ta'een qaamolee haqaatiin hojii irra kan hin oolle yoo ta'e mirgi qabeenyaa fi nageenyi namootaa hinkabajamu. Kana malees, waliigalteewwan adda addaa namoota jidduutti hinraawwataman. Waldhabiinsi qaamolee adda addaa jidduutti uumamus furmaata argachuu hidanda'u.[22] Walumaa-galatti kenniinsi tajaajila haqaa qaamolee haqaatiin kennamu haala si'oominaa fi bu'a qabeessa ta'een kan kennamu yoo ta'e hawaasni qaamolee kana irraa abdii fi amantaan hinqabaatu.

Murtii hawaasni akka walii-galaatti sochii hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaa keessatti taasisu ilaalchisee sirni kenninsa tajaajila haqaa murteessaa dha. Keessumaayyuu, murtii abbootiin qabeenyaa invastimentii keessa galuuf taasisanuu fi bu'aa isaa ilaalchisee ga'een qaamoleen haqaadhimma murteessaa dha.

---

21. Challenges of Capacity Development:Towards Sustainable Reforms of Caribean Justice Sectors –Vol-1,Policy Document,May2000,page-42

22. For The Nature and Impact of Legal Institutions on Monetary Policy and Financial Transactions, F.A Mann, " The Legal Aspects of Money " Clarendon Press, 2004, Page- 206

Jaarra 21ffaa keessa guddina diinagdeefi hawaasummaa jechuun ijaarsawwan adda addaa kanneen akka daandii warshaalee fi kkf babal'isuu qofa miti. Akkasumas galiiwwan gibiraa adda addaa sassaabuu qofa irratti rarra'ee kan hafu miti. Guddina diinagdee fi hawaasummaa jechuun ol'aantummaa seeraa waliin dhimma walqabatu dha. Bakka Ol'aantummaan seeraa hin jirretti waa'ee guddina diinagdee fi hawaasummaa yaaduun hindanda'amu. Seerotni hojii irra ooluu danda'an, nageenyi amansiisaanii fi tajaajilli haqaa qaqqabamaan jiraachuun isaa ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti dhimmoota murteessoo dha.Seerota bahan hojii irra oolchuun nageenyi amansiisaanii fi tajaajilli qaqqabamaa akka jiraatu taasisuun ol'aantummaa seeraa kan mirkaneessan immoo eenyuunuu caalaa qaamolee haqaa ti.

Ga'ee qaamoleen haqaa guddina diinagdeetiif bahuu qaban ilaalchisee hawaasni addunyaa bira ilaalcha dogoggoraatu jira ture. Dhimma kana ilaalchisee akka barreessaan tokko ibsetti:

> *" Justice Sectors have been seen historically as consumer of resources, rather than as contributor to economic and social development"*[23]

> *"Qaamoleen haqaa Seenaadhaan gumaachota guddina diinagdee fi hawaasummaa akka ta'anitti osoo hin ta'in , akka itti fayyadamtoota qabeenyaa qofaatti ilaallamaa turan" (Hiikoon keenya)*

Kanaafuu, qaamoleen haqaa guddina diinagdee fi hawaasumma keessatti itti fayyadamtoota qabeenyaa qofa osoo hin ta'in, gama kanaan ga'ee isaan irra eegamu bahuun guumacha mataa isaanii taasisuu qabu.

23. Kan 21ffaa irratti tuqame

3.2. Wal-dhabiinsa Invastimentiin wal-qabatee ka'u

Naannoo Oromiyaatti Carraan invastimentii adda addaa bal'inaan waan jiruuf carraa invastimentii kanatti fayyadamuuf invastarootni hedduun naannichatti hojii invastimentii irratti bobba'anii jiru. Ragaan koomishinii invastimentii naannichaa irraa argame akka ibsutti hanga ji'a Waxabajjii bara 2000tti pirojektoota invastimentii abbootii qabeenyaa biyya keessaa fi biyya alaa qarshii biliyoona **115** ol galmeessisanif hayyamni invastimentii kennameera. Invastaroota biyya keessaas ta'e biyya alaa Itoophiyaatti hojii invastimentii irratti bobba'an keessaa ga'een naannichaa ol'aanaa dha.[24] Carraa invastimentii naannichatti argamuu fi hirmaannaa bal'aa invastarootni naannichatti taasisanuun wal-qabatee wal dhabiiinsi invastimentii abbootii qabeenyaa fi koomishinii invastimentii naannichaa, akkasumas koreewwan invastimentii sadarkaa sadarkaan jiran jidduutti ni uumama.[25] Kana malees, abbootii qabeenyaa fi hawaasa naannoo jidduttis waldhabiinsi adda addaa dabree dabree kan uumamu yammuu ta'u abbootii qabeenyaa waliin ta'uun hojii invastimentii irratti bobba'an jiddutis waldhabdeeeewwan adda addaa ni uumamu.

Koomishinii Invastimentii naannichaa fi abbootii qabeenyaa jidduutti waldhabiinsi adda addaa yeroo hedduu kan uumamu yammuu ta'u wal-dhabiinsa kanaaf akka ka'umsaatti sababoota tuqaman keessa inni duraa akkaataa walii-galteetiin abbootii qabeenyaa yeroo walii-galame keessatti hojii jalqabuu dhiisuun, kaayyoo pirojektii investimentii hayyamameen ala hojjachuunii fi lafa invastimentiidhaaf kenname seeraan ala qaama biraatti dabarsuun isaan gurguddoo dha.

24. gaaffii fi deebii obbo Mahaammad waliin gaggeeffame, I/A/k/K/I/O, 13/2/2001

25. Kan itti fufe

Invastarootaa fi hawaasa naannoo jidduuttis dabree dabree wal-dhabiinsi kan uumamu yammuu wal dhabiinsa kanaaf akka sababaatti kanneen tuqaman keessaa lafa invastimentiidhaaf akka oolu qaama dhimmi ilaaluun murtaa'e namootni laficha irra jiraatan sababoota adda addaa tuquun gadi lakkisuu diduu fi gochaalee yakkaa adda addaa invastarootaa fi qabeenya isaanii irratti rawwachuu dha. [26]

Abbootii qabeenyaa waliin ta'uun hojii invastimentii irratti bobba'an jidduuttis waldhabiinsi darbee darbee kan uumamu yammuu ta'u waldhabiinsa kanaafis akka sababaatti kan tuqamu abbootiin qabeenyaa biyya keessaa hojii invastimentiif lafa erga fudhatanii booda abbootii qabeenyaa biyya alaa waliin hojjachuuf walii-galuun, porojektichi osoo hojii hinjalqabin qooda isaanii fudhachuun bahuuf gaaffiin dhiyeessan abbootii qabeenyaa isaan kaaniin fudhatama dhabuun isa tokko dha.[27]

Waldhabiinsa invastimeenti ilaalchisee ka'u hiikuuf tooftaaleen adda addaa kan jiran yammuu ta'u abbootii qabeenyaa fi koomishinicha jidduutti wal dhabiinsa uumame yoo ta'e waliigaltee taasisame bu'uura godhachuun marii taasisuun waldhabiinsa uumame hiikuun isa duraa ti. Marii gaggeeffamuun kan waliihingalle yoo ta'ee qaamoolee bulchiinsa invastimentii naanichaa sadarkaa sadarkaa jiraniin ta'a. Dhimmootni invastimentii Manneen Murtii idileetti dhiyaatan yeroon murtii argachuu dhabuu irraan kan ka'e dogoggora seeraa bu'uraa yoo ta'e malee Manneen Murtiitti akka hindhiyaannee fi Boordiin invastimentii naannichaa murtii dhumaa kennnuuf aangoo akka qabu Labsii lakk 138/2000 yoo tumamellee koomishinichaa fi qaamolee bulchiinsa invastimentii sadarkaa sadarkaan jiranuu fi abbootii qabeenyaa jidduutti waldhabiinsi kan uumamu yoo ta'e abbootiin qabeenyaa tokko tokko dhimmicha Mana Murtiitti geessuudhaan furmaata argachuuf yaalii taasisuun ni mula'ta.

26. Kan itti fufe

27. Kan itti fufe

.Wal-dhabiinsa abbootii qabeenyaa fi hawaasa naannoo jidduutti uumamu ilaalchisee mootummaan invastimentiif jecha hawaasa naannoo, keessuumaayyuu, qonnaan bultootaa beenyaa kaffaluun lafa kan irraa fuudhu yoo ta'ellee, qonnaan bultootni laficha irra jiraatan, beenya erga fudhatanii booda laficha gadi lakkisuu diduun abbootii qabeenyaa waliin walitti bu'iinsa haalli isaan itti uuman ni jira. Qonnaan bultootni beenyaa kaffalameef lafa invastimentiif harkaa fuudhame akka gadi lakkisan murteewwan adda adda qaamolee bulchiinsa Invastimentii sadarkaa sadarkaan jiraniin kan darban yoo ta'ellee murtii kana rawwachiisuu irratti hanqinootni ni mul'ata. [28].

3.3. Waldhabiinsa Invastimentii wal-qabatee ka'uu fi Ga'ee Qaamolee Haqaa

3.3.1 Ga'ee Manneen Murtii

Akkuma beekamu Manneen murtii qaamolee mootummaa keessaa qaama seera hiikuuf aangoo qabani dha. Heera Mootummaa Federalaa keewwata 79(1) fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe Lakk 46(1994) keewwata 63(1) jalatti qaamni aangoo abbaa seerummaa qabu manneen murtii qofa ta'uu isaa ibsamee jira.

Manneen Murtiis aangoo abbaa seerummaa heera mootummaatiin keennameef irratti hundaa'uun waldhabiinsa gara isaaniitti dhiyaatu seeraa fi seera qofa irratti hundaa'uun loogii tokko malee murtii haqa qabeessa akka kennan kan hundeeffamanii dha. Aangoo fi dirqama Manneen murtii qaban kana irraa ka'uun invastimentii jajjabeessuu keessatti ga'een isaan qaban maal ta'uu akka qabuu fi rakkoowwan jiran akka armaan gadiitti ilaaluuf yaalla.

28. Gaaffii fi deebii Obbo Abdulhaakiim Muktaar Waliin gaggeeffame,13/2/2001

Barreeffama kana keessatti akkuma tuquuf yaalletti wal-dhabiisi invastimentiin waliin wal-qabatee ka'u jiraachuu ilaallee jira. Wal-dhabdeewwan uumaman tooftaalee adda addatiin furmaata kan argatan yammu ta'u, kanneen keessaas dhimmichi karaa Manneen Murtiitiin furmaata akka argatan taasisuun isa tokko dha.

Labsii lakk 138/2000 keewwata 6(5) jalatti akkaataa tumameen dogoggora seeraa bu'uuraa yoo ta'e malee dhimma invastimentii ilaalchisee Murtii dhumaa kennuuf aangoo kan qabu Boordii Invastimentii naannichaa ti. Haata'u malee qabatamaadhaan akka jirutti darbee darbee Manneen Murtii tokko tokko wal dhabiinsa invastimentii ilaalchisee isaanitti dhiyaatu kan keessumeessan yammuu, Manneen Murtii tokko tokko immoo dhimmichi aangoo Manneen Murtii miti jechuun haalli isaan itti deebisan ni mul'ata. Dhimmoota invastimentii Manneen Murtiin ilaalaman akka fakkeenyaatti kanneen armaan gadii tuquun ni danda'ama. Lakk. Galmee 53628'n falmii siviilii Innat Agroo Industrii fi Koomishinii Invastimentii Oromiyaa jidduutti ka'een himataan (Innat Agroo-Industrii) himatamaan (Koomishinii Invastimentii Oromiyaa) lafa invastimentiidhaaf kenname heektaara 200 keessaa hektaara 100 seeraan ala narraa fudhate jechuun himata M/M/Ol'aangaa godina Shawaa Bahaatti dhiyeesse Manni Murtii walii galaa Oromiyaa Ol'iyyaannoo dhiyaateen ialaalee murtii kenneera.

Haaluma wal fakkatuun lakk Galmee 14574'n Barah Hullagaabbi Gibirinnaa Limaat fi Koomishinii Invastimentii Oromiyaa jidduutti falmii Siviilii ka'een himataan (Barah Hallagabbi Gibiriinnaa Limaat) himatamaan (K/I/O) lafa invastimentiif naaf kenname seeraan ala akkan gadilakkisu naa taasise jechuun Mana Murtii aanaa Barahitti himata dhiyeessee M/M/Ol'aanaa Godina Sh/Kaabaa ol'iyyannoon ilaalee murtii kenneera.

Gama biraatiin dhimmuma invastimentii ilaalchisee lakk Galmee 13989'n falmii siviilii Dhaabbata Z.H.PLC fi K/I/O jidduutti ka'een, himataan (Dhaabbatni Z.H.PLC), himatamaan (K.I.O) lafa invastimentiif naaf kenne seeraan ala narraa

fudhate jechuun Mana Murtii aanaa Aqaaqiitti himata dhiyeessee kan isaaf murtaa'e yammuu ta'u himatamaan (Koomishiniin Invastimentii Oromiyaa) dhimmicha ol'iyyannoodhaan M/M/ol'aanaa Go/Sh/Bahaatti dhiyeessee Manni Murtichaa doggogora seeraa bu'uura (error of law) kan qabu yoo ta'e malee dhimmi invastimentii aangoo Mana Murtii miti jechuun murtii Manni Murtii jalaa kenne diigee jira. Haaluma kanaan murtiiwwan armaan olitti invastimentiin ilaalchisee kennaman irraa hubachuun akka danda'amutti Manneen Murtii biratti hubannoon wal-fakkaataan kan hin jirre ta'uu isaa fi seerota invastimentii irratti hubannoon jiru laafaa ta'uu isaa ti . Kanaafuu, Manneen Murtii seerota invastimentii akka biyyaattis ta'e akka naannoo Oromiyaatti hojii irra jiran hubachuun akkaataa seerota jiraniitiin tajajila haqaa kennuun invastimentii babalisuu keessatti ga'ee isaanii irraa eegamu bahuu qabu.

Haala amma jiruun dhimmootni Invastiment hundi Manneen Murtiiti kan hindhiyaanne yoo ta'ellee, dhimmoota invastimentii Manneen Murtiitti dhiyaatan waggaa lamaa fi isaa ol murtii osoo hinargatin haalli isaan itti turan ni jira[29]. Invastarootni, keessumaayyuu, invastarootni biyya alaa waldhabiinsa invastimentii gara Manneen Murtii dhiyeessan dhimmi isaanii yeroon murtii kan hinarganne yoo ta'e, kaappitaala isaanii fudhachuun gara biyyoota birootti socho'uu ni danda'u. Dhimmootni invastimentii daangaa aangoo Manneen Murtii keessatti kufan kan jiranii fi Manneen Murtiitti kan dhiyaatan yoo ta'e dhimmicha ilaaluun yeroo gabaabaa keessatti murtii itti kennuu qabu.

29. Kan itti fufe

Gochaaleen yakkaas darbee darbee invastarootaa fi qabeenya isaanii irratti kan raawwatamu yoo ta'e invastarootni sodaa fi yaaddoo malee hojii isaanii akka gaggeessan himanni yakkaa Manneen Murtiitti kan dhiyaatu yoo ta'e murtii saffisaa fi haqa qabeessa kennuun gochaaleen seeraan alaa invastimentii gufachiisan akka hinraawwatamne gochuun ga'ee Manneen Murtii ti.

Kana malees, qabeenyi hojii invastimentiitiif oolu inni guddaan lafa waan ta'eef, falmiin lafa invastimentii irratti mootummaa fi abbootii abeenyaa jidduutti, akkasummas abbootii qabeenyaa fi namoota sababa invastimentii lafa irraa ka'an jidduuti ka'u dafee murtii kan hin arganne yoo ta'e, misoomni gama kanaan eegamu dudduubatti harkifachuu ni danda'a.Walumaa galatti,tajaajilli haqaa saffisaan hinkennamne akka tajajila hinkennamnetti (**Justice Delayed is justice denied**) waan lakkaawwamuuf Manneen Murtii tajaajila isaan irraa eegamu akkataa si'ominaa fi bu'a qabeessa ta'een kennuutu isaan irraa eegama.

3.3.2.Ga'ee Abbaa Alangaa fi Poolisii

Bulchiinsa Sirna Haqaa, keessumaayyuu, Bulchiinsa Sirna Haqaa Yakkaa keessatti ga'een Abbaa Alangaa fi Poolisii ol'aanaa dha. Akkaataa Seeraa Sirna Deemsa Falmii yakka keewwata 8(1) jalatti tumameen Abbaan Alangaa tumaalee seera kana keessatti tumaman hojii irra oolchuuf dirqama qaba. Dhimmoota yakkaa ilaalchisee bakka gochi yakkaaa raawwatameera jedhee shakketti ykn gochi yakkaa raawwatamuun isaa odeeffannoon akka isaa qaqqabeen qorannoon yakkaa akka gaggeeffamu taasisuun aangoo fi gahee hojii Abbaa Alangaa ti. Kana malees, dhimmoota yakkaa irratti poolisii waliin qindoominaan hojjachuu akka qabus seera kana keewwata 8(2) jalatti tumamee jira.

Gama biraatiin ga'ee poolisiin yakka ittisuu fi kanneen rawwataman qorachuu keessatti qabu ilaalchisee seera kana keewwata 9 jalatti tumamee jira. Akkaataa keewwata armaan olitti tuqame jalatti ibsameen ga'een poolisii kanneen armaan gadii ti.

- Nageenya eeguu fi yakki akka hin raawwatamne ittisuu;
- Yakkoota raawwataman irratti qorannoo gaggeessuu;

- Shakkamtoota yakka raawwatan jedhaman qabuudhaan seeratti dhiyeessuu fi
- Seera kabachiisuu keessatti Abbaa Alangaa deeggaruuf dirqama qabaachuu isaa;

Sadarkaa naannoo Oromiyaatti labsii Qaamoolee Raawwachistuu Naannichaa irraa Deebiidhaan Fooyyessuuf bahe Lakk 132/2000 keewwata_____fi _____ jalattis Abbaan Alangaa fi Poolisiin heeraa fi seerri akka kabajamu, nageenyii fi tasgabbiin naannichatti akka mirkanaa'u qindoominaan waliin hojjachuu akka qaban ifatti tumamee jira.Haaluma kanaan gochaaleen yakkaa kan raawwataman yoo ta'e qorannoo yakkaa waliin gaggeessuun shakkamtoota gocha yakkaa raawwatan erga addaan baasanii booda, Abbaan Alangaa Mana Murtii aangoo qabutti himannaa dhiyeessuun namootni gocha yakkaa raawwachuun isaanii mirkanaa'e adabbii gocha yakkaa raawwatniin wal-gituun adabsiisuu akka qabu tumamee jira.

Walumaa galatti ga'een Abbaan Alangaa fi Poolisii mirga namoota qulqulluu osoo hin tuqin namoota gocha yakkaa rawwataniiru jedhamanii shakkaman addaan baasuun seeratti akka dhiyaatan taasisuu dha. Ga'ee hojii Abbaan Alangaa fi Poolisiin qabu kana irraa ka'uun yakkoota invastimantiin walqabatanii raawwataman seeratti dhiyeessuu keessatti ga'een qaamolee kanaa maal ta'uu qaba isa jedhu kanatti aansinee ilaalla.

Akkuma beekamu bakka mirgi qabeenyaa fi mirgi namaa seeraan eegame hinkabajamnee fi nageenyii fi tasgabbiin hinjirretti waa'ee guddina diinagdee yaaduun hindanda'amu. Guddina diinagadeetiif kanneen guumaachan keessaa invastimentiin tokko waan ta'eef invastaroota hojii invastimentii irratti bobba'aniif deeggarsi barbaachisaa ta'e kan hintaasifamneef yoo ta'e gumaachi guddina diinagdeetiif invastimentiin taasisu duubatti harkifachuu ni danda'a. Invastarootni ofii isaaniitifis ta'e qabeenya horataniif eegumsa seeraa barbaadu. Qabeenya hojii invastimentii ittiin gaggeessan irrattis ta'e ofii isaanii irratti namootni gochaalee yakkaa raawwatan seeratti kan hindhiyaanne yoo ta'e sodaa fi shakkii malee garaa tokkoon hojii invastimentii irratti bobba'uu hindanda'an.

Dhimma kana ilaachisee haala naannoo Oromiyaa yammuu ilaallu gochaaleen yakkaa kan akka meeshaalee invastarootaa hatuu fi dhoksuu,saamichi, mooraa dhaabbilee dhuunfaa keessatti jeequmsa kaasuu, abbootii qabeenyaa dhuunfaa sodaachisuu fi k.k.f raawwatamaa jiru. Akka fakkeenyaatti Godina Addaa Oromiyaa naannawa Finfinnee, Aanaa Walmaraatti gochaaleen yakkaa invastaroota qonna abaaboo irratti bobba'an irratti kan raawwatamaa jiran yammuu ta'u Abbaan Alangaa fi Poolisiin Aanichaa waliin ta'uun qorachuun namoota gochaalee yakkaa raawwatan kana Mana Murtii aanichaatti dhiyeessuun haalli isaan akka adabaman itti taasisan ni jira. Godinaalee Oromiyaa kan biroottis gochaaleen yakkaa wal-fakkaataan invastaroota irrattis ta'e qabeenya isaanii irratti kan raawwataman yammuu ta'u hubannoo dhabuu irraas haata'u sababoota adda addaatiin invastaroota hojii invastimentii irratti bobba'an tutuquun dhiibbaa irraan gahaa akka jiran invastarootni tokko tokko ni ibsu. Namoota gochaalee yakkaa akkasii raawwatan seeratti dhiyeessuu irrattis ta'e ga'ee invastimentiin guddina diinagdee keessatti qabu irratti hawaasni hubannoo akka argatu taasisuu irratti darbee darbee hanqinni akka mul'atu invastarootni tokko tokko ni dubbatu.[30] Kanaafuu, gochaaleen yakkaa invastaroota irratti raawwataman invastarootni haala tasgabbaa'een hojii isaanii akka hinraawwanne waan taasisaniif gochaalee yakkaa invastaroota irratti raawwataman haala addaatiin xiyyeeffannoo kennuun irratti hojjachuun barbaachisaa dha.

Gama biraatiin ga'ee poolisii yoo ilaalle ga'een inni yakka ittisuu fi abbaa alangaa waliin ta'uun namoota yakka raawwatan seeratti dhiyeessuuf qabu akkuma jirutti ta'ee, murteewwan qaamoleen bulchiinsa invastimentii naannichaa sadarkaa sadarkaan jiran dabarsan hojii irra oolchuu irratti qabus ol'aanaa dha.

30. Gaaffii fii deebii Obbo Qananiyaa Deeksisoo waliin gaggeeffame, 20/2/2001

Akkaataa gaaffii fi deebii ogeessa Seeraa K/I/O waliin gaggeeffameen akka fakkeenyaatti Godina Shawaa Kaabaatti lafa Invastimentii Dhaabbata Barah Maaunteen Agroo Industrii jedhamuuf Boordiin invastimentii naannichaa akka kennamu murteesse namtichi lafa sana irra ture beenyaan kan kaffalameef yoo ta'ellee laficha akka gadi lakkisu Boordiidhaan yoo murtaa'es murtiin kun hojii irra ooluu hindandeenye.

Koreen Invastimentii Godina Shawwa Kaabaas murtii boordii bu'uura godhachuun xalayaa Lakk G-6/89/342/1 gaafa guyyaa 06/01/2001 barreeffameen Waajira Poolisii aanaa Barah deeggarsa gaafatullee murtichi hanga yoonaatti hojii irra ooluu hindandeenye. Rakkoowwan akkanaa kun bal'inaan kan uumaman yoo ta'e murtiiwwan qaamolee invastimentii naannichaa sadarkaa sadarkaan jiran dabarsan hojii irra ooluu waan hindandeenyeef amantaan invastarootni murtii qaamolee kanaa irratti qaban laafuu waan danda'uuf , sababa kanaanis sochiin invastimentii naannichaas duubatti harkifachuu waan danda'uuf murtiiwwan qaamoleen invastimentii naannichaa dabarsan hojii irra oolchuuf poolisiin deeggarsa kan gaafatamu yoo ta'e itti dhimmamuudhaan miira itti gaafatamummaa qabuun deebii kennuutu irraa eegama.

Gaaffiiwwan Marii

1) .Akkaataa Labsii Lakk 138/2000 keewwata 6(5) jalatti tumameen dhiimma invastimentii ilaalchisee koomoshinii Invastimentii Naannoo Oromiyaa fi qaamolee sochii invastimentii keessatti ga'ee qabaniin murtii kennamu irratti ol'iyyannoon kan dhiyyatu yoo ta'e murtiin Boordii invastimentii naannichaa kennu murtii

dhumaa ta'a. Kana jechuun dhimmi invastimentii gonkumaa Mana Murtiitti hindhiyaatu jechuu dha?

2) Murtii Boordiin Invastimentii invastimentii ilaalchisee kennu qaama kamtu raawwachiisa?

❖ Kitaabotaa fi Seerota Wabii Ta'an

A) Kitaabota

1) Frank Sader, Attracting Foreign Direct Investment into Infrastructure, 2000
2) Stephen Losthouse, Equity Investment Managment, 1994
3) Sherif H. Seid, Global Regulation of Foreign Direct Investment, Addis Ababa, 2002 .
4) P.Kerley, J.B.Hames, P. Sokys, Civil Litigation, 3rd Edition, 2001.
5) Dale, W.Jorgenson, Investment, Tax Policy and The Cost of Capital,vol-2, 1996.
6) Challenges of Capacity Development Towards Sustainable Reforms of Caribean Justice Sectors, Vol-1, Policy Document, 2000.
7) F.A. Mann, For The Nature and Impact of Legal Institutions on Monetary Policy and Financial Transactions, "The Legal Aspects of Money" Claredon Press, 2004.
8) Foreign Investment Proclamation Strategy and Framework in Ethiopia.
9) Hiywot Belayneh, Budget Deficit and Private Investment in Ethiopia, A.A.U, Unpublished, 1998.
10) Workie Mitiku, Determinants and Private Investment in Ethiopia, A.A.U, Unpublished, 1997.
11) Robel Teferedegne, Investment Implementation Problems in Ethiopia in accordance with Investment Policy , A.A.U, Unpublished , 1998.

B) Seerota

1) Heera Mootummaa Federaalaa, 1987.
2) Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii Lakk 46/1994 (akka fooyya'etti)
3) Labsii Invastimentii Federaalaa Lakk.15/1984
4) Labsii Invastimentii Federaalaa Lakk. 37/1995
5) Labsii Invastimentii Federaalaa Lakk. 280/ 1994
6) Labsii Invastimentii Federaalaa Lakk. 375/1996
7) Dambii Onnachhiftuu Invastimentii Lakk. 84/1995
8) Labsii Qaamolee Bulchiinsa Invastimentii naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakk. 2/1987
9) Labsii Naannoo Oromiyaatti Lafa Baadiyyaa Invastimentiif Oolu Murteessuuf Bahe Lakk.3/1987
10) Labsii Qaamolee Bulchiinsa Invastimentii naannoo oromiyaa Irra deebiidhaan Murteessuuf Bahe Lakk.115/1998
11) Labsii Qaamolee Bulchiinsa Invastimentii naannoo Oromiyaa Irra deebiidhaan Murteessuuf Bahe Lakk.138/2000

C) Namoota Gaaffii fii deebiin Waliin Gaggeeffame

Lakk	*Maqaa guutuu*	*Ga'ee Hojii*
1.	*Obbo Maammad Ibiraahim*	*I/A/ Koomishinara Koomishinii Oromiyaa*
2.	*Obbo Abdulhaakiim Muktaar*	*Ogeessa Seeraa Koomishinii Invastmentii Oromiyaa*
3.	*Obbo Qananiyaa Deeksisoo*	*I/A/Dura taa'aa Waldaa Qonna Makaanaayizashinii Oromiyaa*
4.	*Obbo Kaamiil Abdulqaadiir*	*Miseensa Boordii Waldaa abbootii Qabeenyaa Invastimentii Qonnaa Oromiyaa*
5.	*Obbo Hashim Muhyidin*	*Secretary General, Waldaa abbootii Qabeenyaa Invastimentii Qonnaa Oromiyaa*
6.	*Obbo Shombee Siyyum*	*Abbaa Qabeenyaa Dhaabbata Qonnaa Shombee Siuyyum Ok*
7.	*Obbo Taammiraat Alamaayyoo*	*I/ gaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Walmaraa*
8.	*Obbo Malaakuu Kumsaa*	*I/Gaafatamaa waajjira Haqaa Godina Lixa Shawaa*
9.	*Obbo Asaffaa*	*I/gaafatamaa waajjira Haqaa Bul. Magaalaa Buraayyuu*

❖ **Duuka-deemtuu**

1)